

Boqonnaa

2

$$99 \div 20 = 4 = 5$$
$$49 \div 7 = ?$$
$$6 \times 3 = 18$$

1 2

BAAY'ISUU FI HIRUU HAMMA 100TTI

2.1 KEESSA DEEBII HAMBIFANNAA MALEE 2 FI 10'N BAAY'ISUU FI HAFTEE MALEE 2 FI 10'F HIRUU

2.1.1 KEESSA DEEBII HAMBIFANNAA MALEE 2 FI 10'N BAAY'ISUU

GOCHA 2.1

1



- Saanduqa keessa muuzota meeqatu jira?
- Lama lamaan osoo gareedhaan kaa'amani garee meeqa ta'u?
- Baay'ina garee yoo baay'ina muuzota garee keessa jiraniin baay'iste meeqa argatta?

Gocha armaan olii irraa kanneen armaan gadii hubadhu.


$$2 + 2 + 2 + 2 = 2 \times 4 = 8$$

Yommuu dubbifnu “*lama si’a afur ni ta’a saddeet*” jenneeti.















- 2 Obbo Tolaan mukoota kudhan kudhaniin hidhaman lama yoo qabaatan, walitti mukoota meeqa qabu?

$$10 + 10 = 20, \quad 10 \times ? = 20$$

Lakkoofsota 2'n baay'isuu hubachuuf fakkiiwwan armaan gadii xiinxali.



	<p>Saawwan garee lamaan jiru. Garee tokko keessa saawwan 2 tu jiru. Kanaafuu, saawwan</p>
	<p>2 x 2 tu jiru jechuudha. Baay'inni isaanii immoo 4. Kanarraa $2 \times 2 = 4, \quad 2 \times 2 = 2 + 2$</p>
	<p>Burtukaanonni garee lamaan jiru. Gareen tokko keessa burtukaanota 3 qabna. Walitti immoo 6tu jira.</p>
	<p>Kanaafuu, 3 x 2 jechuun 3 + 3 jechuudha. Kanaaf, $3 \times 2 = 6$</p>

		<p>Peennaan garee lamaan kaa'amuu isaanii hubadhu.</p> <p>Garee tokko keessa peennaa 7 tu jira.</p> <p>Kanaaf, baay'inni peennaa 7×2 ta'a.</p> <p>Kunis peennaa 14 ta'a.</p> <p>Kanaafuu, $7 \times 2 = 7 + 7 = 14$.</p>
		
		
		
		
		
		

Hubadhu

$7 \times 2 = 14$ keessatti

- 7 fi 2 hirmaatoota 14ti.
- 14 baay'ataa jedhama.

Fakkeenya 1

10'n Baay'isuu

a $10 \times 4 =$ _____

Deebii:

$10 \times 4 = 10 + 10 + 10 + 10 = 40$.

Kanaafuu $10 \times 4 = 40$

b $10 \times 5 =$ _____

Deebii:

$10 \times 5 = 10 + 10 + 10 + 10 + 10 = 50$.

Kanaafuu, $10 \times 5 = 50$

GILGAALA 2.1

1 *Himoota armaan gadii hirmaatootaa fi baay'atoota jechuun addaan baasii barreessi.*

- a $2 \times 3 = 6$ keessatti, 2 fi 3 hirmaatoota 6 immoo baay'ataadha.
- b $2 \times 5 = 10$ keessatti, ____ fi ____ hirmaatoota ____ immoo baay'ataa dha.
- c $4 \times 2 = 8$ keessatti, ____ fi ____ hirmaatoota ____ immoo baay'ataa dha.
- d $6 \times 2 = 12$ keessatti, ____ fi ____ hirmaatoota ____ immoo baay'ataa dha.
- e $9 \times 2 = 18$ keessatti, ____ fi ____ hirmaatoota ____ immoo baay'ataa dha.

2 *Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti.*



×	2	3	4	5	6	7	8	9	10	11	12
2		6				14			20		
10			40						100		

2.1.2 KEESSA DEEBII HAFTEE MALEE 2 FI 10'F HIRUU

2'f Hiruu

GOCHA 2.2

Barsiisaa Fayyisaan kubboota 12 bakka wal qixa lamatti yoo qoodan meeqa meeqa ga'a?




Gocha kana irraa kan hubannu 6 si'a lama, 12 ta'uu isaati.

$$6 \times 2 = 12 \text{ waan ta'eef } 12 \div 2 = 6$$

Fakkeenya 2

a $6 \div 2 = \underline{\quad}$ argachuuf danaa armaan gadii ilaali.



b $8 \div 2 = \underline{\quad}$ ta'a. Kana hojjechuuf haala armaan gadiitti fayyadamuun ni danda'ama. Kunis, 2 irra deddeebi'uun hir'isuun argama. Si'a meeqa akka hir'iste lakkaa'uun deebii argatta:-

$$8 - 2 = 6$$

$$6 - 2 = 4$$

$$4 - 2 = 2$$

$$2 - 2 = 0$$

Si'a 4 waan hir'isteeff $8 \div 2 = 4$ jenna.

Hubadhu:

Hiruu jechuun irra deddeebi'anii hir'isuu jechuudha.

GILGAALA 2.2

1 *Bakka duwwaa armaan gadii guuti.*

a $10 \div 2 = \underline{\quad}$ b $12 \div 2 = \underline{\quad}$ c $30 \div 2 = \underline{\quad}$

d $16 \div 2 = \underline{\quad}$ e $18 \div 2 = \underline{\quad}$ f $20 \div 2 = \underline{\quad}$

g $22 \div 2 = \underline{\quad}$ h $24 \div 2 = \underline{\quad}$ i $26 \div 2 = \underline{\quad}$
 j $28 \div 2 = \underline{\quad}$

2 Gabatee hiruu armaan gadii guuti.

÷	2
14	7
32	
34	
36	
38	
40	
42	
44	
46	
48	
50	
52	
54	

10f Hiruu

Lakkoofsota hundaa 10f hiruu sirritti hubachuuf fakkeenya armaan gadii ilaali.

Fakkeenya 3

a $20 \div 10 = \underline{\quad}$





Deebii

$$20 - 10 = 10$$

$$10 - 10 = 0$$

Si'a 2 waan hir'isneef $20 \div 10 = 2$

Yookiin danaa armaan gadii sirriitti hubadhu.

		Dungoowwan bakka meeqatti akka qoodaman ibsi.
		Bakka walqixa 10tti qoodameera. Gareen hunduu 2 of keessaa qabu.
		Kanaafuu, $20 \div 10 = 2$

b $30 \div 10 = \underline{\quad}$

Deebii:

Irra deddeebinee hir'isuun haa hojjenu.

$$30 - 10 = 20$$

$$20 - 10 = 10$$

$$10 - 10 = 0$$

Si'a 3 waan hir'isneef, $30 \div 10 = \underline{3}$

GILGAALA 2.3

Bakka duwwaa armaan gadii guuti.

1 $40 \div 10 = \underline{\quad}$

2 $50 \div 10 = \underline{\quad}$

3 $60 \div 10 = \underline{\quad}$

4 $70 \div 10 = \underline{\quad}$

5 $80 \div 10 = \underline{\quad}$

6 $90 \div 10 = \underline{\quad}$

2.2 0 FI 1'N BAAY'ISUU FI 1'F HIRUU

2.2.1 0 FI 1'N BAAY'ISUU

Fakkeenya 4

a $0 \times 3 = 0$

b $4 \times 0 = 0$

c $5 \times 0 = 0 \times 5 = 0$

d $10 \times 0 = 0 \times 10 = 0$

*H*ubadhu

Lakkoofsa hundaa kamiyyuu 0'n yoo baay'ifne 0 ta'a.

GILGAALA 2.4

1 *Bakka duwwaa armaan gadii guuti.*

a $6 \times 0 = \underline{\quad}$

b $7 \times 0 = \underline{\quad}$

c $8 \times 0 = \underline{\quad}$

d $12 \times 0 = \underline{\quad}$

e $20 \times 0 = \underline{\quad}$

f $24 \times 0 = \underline{\quad}$

g $19 \times 0 = \underline{\quad}$

h $45 \times 0 = \underline{\quad}$

i $87 \times 0 = \underline{\quad}$

j $92 \times 0 = \underline{\quad}$

2 *Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti.*

×	13	21	35	37	43	46	52	68	72	96
0	0				0				0	

Fakkeenya 5



Urjiiwwan 6 garee tokko keessa jiru. Baay'inni isaanii immoo 6.

Kanaafuu, $6 \times 1 = 6$



Lukkuuwan 8 garee tokko keessa jiru. Kanaafuu,

$$8 \times 1 = 8$$

Hubadhu

Lakkoofsi hundaa kamiyyuu yoo 1'n baay'ate, firiin isaa lakkoofsichuma sana ta'a.

GILGAALA 2.5

a *Bakka duwaa armaan gadii guuti.*

1 $2 \times 1 = \underline{\quad}$

2 $9 \times 1 = \underline{\quad}$

3 $17 \times 1 = \underline{\quad}$

4 $20 \times 1 = \underline{\quad}$

5 $24 \times 1 = \underline{\quad}$

6 $32 \times 1 = \underline{\quad}$

7 $36 \times 1 = \underline{\quad}$

8 $49 \times 1 = \underline{\quad}$

9 $53 \times 1 = \underline{\quad}$

10 $67 \times 1 = \underline{\quad}$

b Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti.

×	1	2	8	12	15	26	29	33	37	42	48
0		0							0		
1						26				42	
2				24				66			

2.2.2 1'F HIRUU

Fakkeenya 6

a $3 \div 1 = \underline{\quad}$. Bakka duwaa keessatti meeqa barreessina? Mee gareedhaan irratti mari'adhaa. Deebiin isaa akka armaan gadiitti argama.



Qurxummoonni 3 garee tokko keessa jiru. Kanaafuu, 3 tokkoof yoo qoodne 3 ta'a. Kanaafuu, $3 \div 1 = 3$.

Yookiin irra deddeebinee hir'isuun argachuun ni daanda'ama.

$$3 - 1 = 2 \quad \text{☞} \quad 2 - 1 = 1 \quad \text{☞} \quad 1 - 1 = 0$$

Si'a 3 waan hir'isinneef, $3 \div 1 = 3$.

b $4 \div 1 = \underline{\quad}$ hojjechuuf immoo danaa armaan gadii hubadhu.

	=	
$4 \div 1$	=	4

Yookiin haala armaan gadiitti fayyadamuu ni dandeenya.

$$4 - 1 = 3 \quad \text{☞} \quad 3 - 1 = 2 \quad \text{☞} \quad 2 - 1 = 1 \quad \text{☞} \quad 1 - 1 = 0$$

Si'a 4 waan hir'isinneef $4 \div 1 = 4$ ta'a.

c $7 \div 1 = \underline{\quad}$

Deebii:

$$7 - 1 = 6 \quad \text{☞} \quad 6 - 1 = 5 \quad \text{☞} \quad 5 - 1 = 4 \quad \text{☞}$$

$$4 - 1 = 3 \quad \text{☞} \quad 3 - 1 = 2 \quad \text{☞} \quad 2 - 1 = 1 \quad \text{☞} \quad 1 - 1 = 0$$

Si'a 7 waan hir'isinneef $7 \div 1 = 7$.

Hubadhu

Lakkoofsa hundaa tokko yoo 1'f hirre, firiin isaa lakkoofsichuma san ta'a.

GILGAALA 2.6

1 *Bakka duwwaa armaan gadii guuti.*

a $8 \div 1 = \underline{\quad}$

b $12 \div 1 = \underline{\quad}$

c $15 \div 1 = \underline{\quad}$

d $24 \div 1 = \underline{\quad}$

e $29 \div 1 = \underline{\quad}$

f $32 \div 1 = \underline{\quad}$

g $39 \div 1 = \underline{\quad}$

h $45 \div 1 = \underline{\quad}$

i $48 \div 1 = \underline{\quad}$

j $52 \div 1 = \underline{\quad}$

k $66 \div 1 = \underline{\quad}$

l $97 \div 1 = \underline{\quad}$

2 *Gabatee armaan gadii guuti.*

÷	9	17	25	36	47	53	68	76	78	82	84	91	96	100
1						53				82				

2.3 3, 4, 5, 6, 7, 8 FI 9'N BAAY'ISUU FI HIRUU

2.3.1 3, 4, 5, 6, 7, 8 FI 9'N BAAY'ISUU

A 3'n Baay'isuu

GOCHA 2.3

Qurxummoonni afur afur bakka 3 jiru yoo ta'e, walitti meeqa ta'u?




$$4 + 4 + 4 = 12,$$

$$4 \times 3 = 12$$



Fakkeenya 7




a $5 \times 3 =$ _____

			<p>Simbiroota bakka 3 qabna. Bakka tokkoo simbirroota 5 qabna.</p> <p>Kanaafuu,</p> <p>$5 \times 3 = 5 + 5 + 5 = 15.$</p>
---	---	--	--

b $8 \times 3 =$ _____

Deebii:

8×3 hojjechuuf fakkiiwwan armaan gadiitti fayyadamuu dandeenya.

				
8	+	8	+	8
$= 24$				

Kanaafuu, $8 \times 3 = 8 + 8 + 8 = 24$. Kanaaf $3 \times 8 = 24$

c Gatiin dabtara tokkoo qarshii 3 yoo ta'e, gatiin dabtaroota akkasii 6 qarshii meeqa?

Deebii:

Pirobileemii jechaa kana gara lakkoofsaatti yoo jijjiirre akka armaan gadii ta'a.

$$6 \times 3 = 6 + 6 + 6 = \underline{18}.$$

Kanaafuu, gatiin dabtaroota 6 qarshii 18.

GILGAALA 2.7

1 Bakka duwwaa armaan gadii guuti.

a $6 \times 3 = \underline{6} + \underline{6} + \underline{6} = \underline{18}$

b $14 \times 3 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

c $23 \times 3 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

d $25 \times 3 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

e $12 \times 3 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

f $9 \times 3 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

g $30 \times 3 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

2 Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti.

×	7	9	10	11	12	13	15	16	21	22	27
3	21					39					

3 Baay'attoota 3 hamma 20tti jiran tarreessi.


4 Saanduqni tokko burtukaanota 7 baata. Saanduqoonni akkasii 3 burtukaanota meeqa baatu?

5 Gatiin kitaaba tokkoo qarshii 8. Kitaabonni akkasii 3 qarshii meeqa baasu?

B 4'n Baay'isuu

GOCHA 2.4

a *Anaasonni shan shan bakka 4 taa'aniiru. Walitti yoo lakkoofte meeqa ta'u?*



$$5 \times 4 = 20$$

$$\begin{array}{r} 5 \\ \times 4 \\ \hline 20 \end{array}$$

b *Baay'attoota 4 barbaadi.*





×	1	2	3	4	5	6	7	8	9	10
Baay'attoota 4	4		12							40

Fakkeenya 8

a $6 \times 4 =$ _____

Deebii:

6×4 meeqa akka ta'e argachuuf fardoota ja'a ja'an saanduqoota 4 keessatti kennaman ilaali. Ida'amni isaanii meeqa? Lakkaa'uun irra ga'i.

	+		+		+	
6	+	6	+	6	+	6
= 24						

Kanaafuu, $6 \times 4 = 6 + 6 + 6 + 6 = 24$. Kanaaf, $6 \times 4 = 24$.

b $7 \times 4 = \underline{\hspace{2cm}}$

Deebii:

Gara ida'uutti jijjiiruun haa hojjannu.

$$7 \times 4 = 7 + 7 + 7 + 7 = 28$$

GILGAALA 2.8

1 Bakka duwwaa armaan gadii guuti.

a $9 \times 4 = \underline{9} + \underline{9} + \underline{9} + \underline{9} = 36$

b $12 \times 4 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} = \underline{\hspace{2cm}}$

c $15 \times 4 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} = \underline{\hspace{2cm}}$

d $21 \times 4 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} = \underline{\hspace{2cm}}$

e $24 \times 4 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} = \underline{\hspace{2cm}}$


2 Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti.

×	5	7	10	11	13	14	17	18	19	20	22	23	25
4	20						68						

3 Baay'attoota 4 hamma 32tti jiran tarreessi.

C 5'n Baay'isuu

GOCHA 2.5



Qubeessaan shan shan bakka 6 taa'aniiru. Waliigalatti qubeessaa meeqatu jira?

$$5 + 5 + 5 + 5 + 5 + 5 = 30$$

$$5 \times 6 = 30$$

Baay'attoota 5 bakka duwwaa guuti.

×	1	2	3	4	5	6	7	8	9	10
5	5	10								

$1 \times 5 = 5$
$2 \times 5 = 10$
$3 \times 5 = 15$
$4 \times 5 = 20$
$5 \times 5 = 25$


$6 \times 5 = \square$
$7 \times 5 = \square$
$8 \times 5 = \square$
$9 \times 5 = \square$
$10 \times 5 = \square$

Fakkeenya 9

$$4 \times 5 = \underline{\hspace{2cm}}$$

Deebii:

Burtukaanota afur afuriin saanduqoota 5 keessa jiran sirriitti ilaali. Walitti meeqa akka ta'u saanduqa ja'affaa keessaa lakkaa'i.



Kanaaf, $4 \times 5 = 4 + 4 + 4 + 4 + 4 = 20$, $5 \times 4 = 20$.

GILGAALA 2.9

1 *Bakka duwwaa armaan gadii guuti.*

a $7 \times 5 = \underline{7} + \underline{7} + \underline{7} + \underline{7} + \underline{7} = \underline{35}$

b $8 \times 5 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} = \underline{\hspace{1cm}}$

c $9 \times 5 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} = \underline{\hspace{1cm}}$

d $10 \times 5 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} = \underline{\hspace{1cm}}$

e $11 \times 5 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} = \underline{\hspace{1cm}}$

f $12 \times 5 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} = \underline{\hspace{1cm}}$

2 Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti.

×	1	2	3	4	5	6	7	8	9	10	11	12
5	5				25							60

3 Baay'attoota 5 isaan hamma 60tti jiran tarreessi.

4 Gatiin kitaaba tokkoo qarshii 5 yoo ta'e , kitaabonni akkasii 4 qarshii meeqa baasu?

D 6'n Baay'isuu

GOCHA 2.6


4×6 bifa ida'uutti jijjiiruun hojjechuu irratti gareedhaan mar'adhaa.

Fakkeenya 10

a $3 \times 6 = \underline{\hspace{2cm}}$

Deebii:

3×6 meeqa akka ta'e argachuuf muuzota armaan gadii walitti makuun lakkaa'i.



Kanaaf, $3 \times 6 = 18$, $6 \times 3 = 18$.

b $7 \times 6 = \underline{\hspace{2cm}}$

Deebii:

$7 \times 6 = 7 + 7 + 7 + 7 + 7 + 7 = 42$.

Kanaaf , $7 \times 6 = 42$, $6 \times 7 = 42$.

GILGAALA 2.10

1 Bakka duwwaa armaan gadii guuti.

a $6 \times 6 = \underline{6} + \underline{6} + \underline{6} + \underline{6} + \underline{6} + \underline{6} = \underline{36}$

b $8 \times 6 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

c $9 \times 6 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

d $10 \times 6 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

e $11 \times 6 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

f $12 \times 6 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

g $13 \times 6 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

h $14 \times 6 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$


i $15 \times 6 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

2 Baay'attoota 6 hamma 48tti jiran tarreessi.

3 Saanduqni tokko burtukaanota 5 baachuu danda'a. Saanduqoonni akkasii 6 burtukaanota meeqa baatu?

E 7'n Baay'isuu

GOCHA 2.7



Tolaan harrediidoo garee 4'n deeman arge. Gareen hunduu harrediidoo torba torba qabu yoo ta'e, waliigalatti Tolaan harrediidoo meeqa arge?

$$7 + 7 + 7 + 7 = 28$$

$$7 \times 4 = 28$$

Fakkeenya 11

a $4 \times 7 = \underline{\hspace{2cm}}$

Deebii:

$$4 \times 7 = 4 + 4 + 4 + 4 + 4 + 4 + 4 = 28.$$

Kanaaf, $4 \times 7 = 28$, $7 \times 4 = 28$.

b $5 \times 7 = 5 + 5 + 5 + 5 + 5 + 5 + 5 = 35.$

Kanaaf, $5 \times 7 = 35$, $7 \times 5 = 35$.

F 8'n Baay'isuu

GOCHA 2.8

4×8 bifa ida'uutti jijjiiruun hojjechuu irratti gareedhaan mar'adhaa.

Fakkeenya 12

a $3 \times 8 = \underline{\hspace{2cm}}$

Deebii:

$$\begin{aligned} 3 \times 8 &= 3 + 3 + 3 + 3 + 3 + 3 + 3 + 3 \\ &= 24. \end{aligned}$$

Kanaaf, $3 \times 8 = 24$, $8 \times 3 = 24$.

b $9 \times 8 = \underline{\hspace{2cm}}$

Deebii:

$$\begin{aligned} 9 \times 8 &= 9 + 9 + 9 + 9 + 9 + 9 + 9 + 9 \\ &= 72. \end{aligned}$$

Kanaaf, $9 \times 8 = 72$, $8 \times 9 = 72$.

GILGAALA 2.11

1 *Bakka duwwaa armaan gadii guuti.*

a $6 \times 7 = \underline{6} + \underline{6} + \underline{6} + \underline{6} + \underline{6} + \underline{6} + \underline{6} = 42$

b $8 \times 7 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

c $9 \times 7 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

d $10 \times 7 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

e $11 \times 7 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

f $12 \times 7 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

g $13 \times 7 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

h $14 \times 7 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

2 *Bakka duwwaa armaan gadii guuti.*

a $5 \times 8 = \underline{\quad}$

b $6 \times 8 = \underline{\quad}$

c $10 \times 8 = \underline{\quad}$

d $11 \times 8 = \underline{\quad}$

e $12 \times 8 = \underline{\quad}$

3 *Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti.*

×	0	1	2	3	4	5	6	7	8	9	10	11	12
8			16						64				

4 *Baay'attoota 7 hamma 49 tti jiran tarreessi.*5 *Baay'attoota 8 hamma 64tti jiran tarreessi.*6 *Lukkuun tokko qarshii 10 baasti. Lukkuuwwan akkasii 8 qarshii meeqa baasu?*

G 9'n Baay'isuu

GOCHA 2.9

Baay'attoota armaan gadii argadhu.

a

×	1	2	3	4	5	6	7	8	9	10
Baay'attoota 7	7	14					49			

b

×	1	2	3	4	5	6	7	8	9	10
Baay'attoota 8	8	16					56			

c

×	1	2	3	4	5	6	7	8	9	10
Baay'attoota 9	9	18					63			

Fakkeenya 13

a $3 \times 9 = \underline{\hspace{2cm}}$

Deebii:

$$3 \times 9 = 3 + 3 + 3 + 3 + 3 + 3 + 3 + 3 + 3 = 27.$$

Kanaaf, $3 \times 9 = 27, 9 \times 3 = 27.$

b $10 \times 9 = \underline{\hspace{2cm}}$

Deebii:

$$10 \times 9 = 10 + 10 + 10 + 10 + 10 + 10 + 10 + 10 + 10 = 90.$$

Kanaaf, $10 \times 9 = 90, 9 \times 10 = 90.$

GILGAALA 2.12

1 *Bakka duwwaa armaan gadii guuti.*

a $4 \times 9 = \underline{\hspace{2cm}}$ **b** $5 \times 9 = \underline{\hspace{2cm}}$ **c** $6 \times 9 = \underline{\hspace{2cm}}$

d $7 \times 9 = \underline{\hspace{2cm}}$ **e** $8 \times 9 = \underline{\hspace{2cm}}$ **f** $9 \times 9 = \underline{\hspace{2cm}}$

- 2 Baay'attoota 9 hamma 81tti jiran tarreessi.
- 3 Huccuun tokko qarshii 9'n bitama. Huccuun akkaasii 5 qarshii meeqaan bitama?
- 4 *Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti.*

×	0	1	2	3	4	5	6	7	8	9	10
1				3							
2											
3						15					
4								28			
5											
6											
7									56		
8											
9										81	
10						50					

2.3.2 3, 4, 5, 6, 7, 8 FI 9'F HIRUU

A 3'f Hiruu

GOCHA 2.10

Barsiisaa Guyyoon barattoota kutaa tokkoffaa keessatti qabxii olaanaa fidan 3'f kitaabota 12 walqixa qooduun badhaasani. Barattoota kana kitaaboota meeqa meeqa ga'e?

$$12 \div 3 = 4$$

Kanas baay'isuun mirkaneessuun ni danda'ama.

$$4 \times 3 = 12$$







Fakkeenya 14

a $6 \div 3 = \underline{\hspace{2cm}}$

Deebii:

$6 \div 3$ hojjechuuf burtukaanota 6 qabda haa jennu, burtukaanota ja'an bakka 3tti walqixa qoodi. Kunis akka armaan gadiiti ta'a.

		<p>Burtukaanota 6 qabna. Bakka walqixa 3tti yoo qoodne lama lama walga'a.</p> <p>Kanaafuu, $6 \div 3 = 2$</p>
		
		

b $12 \div 3 = \underline{\hspace{2cm}}$

Deebii:

$12 - 3 = 9$  $9 - 3 = 6$  $6 - 3 = 3$  $3 - 3 = 0$

Si'a 4 waan hir'isinneef $12 \div 3 = 4$ ta'a. Kanaaf $3 \times 4 = 12$ jechuudha.






c Obbo Jamaal re'oota 15 ijoollee isaanii 3'f walqixa yoo hiraniif, tokkoon tokkoon ijoollee re'oota meeqa meeqa argatu?

Deebii:

Pirobileemiin jechaa kun yommuu lakkoofsaan ibsamu akka armaan gadii ta'a.

Baay'ina re'oota obbo Jamaal $\div 3 =$ Baay'ina re'oota mucaan tokko argatuu ti.

$15 \div 3 = \underline{\hspace{2cm}}$.

			Re'oota Huseeniif kennaman
			Re'oota Kadiiriif kennaman
			Re'oota Shukuriif kennaman
$15 \div 3 = 5$			

Kanaaf, Obbo Jamaal ijoollee isaaniif re'oota shan shan kennani.

GILGAALA 2.13

1 *Bakka duwwaa armaan gadii guuti.*

a $9 \div 3 = \underline{\quad}$ b $18 \div 3 = \underline{\quad}$ c $24 \div 3 = \underline{\quad}$

d $27 \div 3 = \underline{\quad}$ e $36 \div 3 = \underline{\quad}$ f $42 \div 3 = \underline{\quad}$

2 *Bakka duwwaa armaan gadii haala fakkeenya kennameen guuti.*

a $15 \div 3 = \underline{5}$. Kanaafuu, $3 \times \underline{5} = 15$

b $12 \div 3 = \underline{\quad}$. Kanaafuu, $3 \times \underline{\quad} = 12$

c $21 \div 3 = \underline{\quad}$. Kanaafuu, $3 \times \underline{\quad} = 21$

d $30 \div 3 = \underline{\quad}$. Kanaafuu, $3 \times \underline{\quad} = 30$

e $33 \div 3 = \underline{\quad}$. Kanaafuu, $3 \times \underline{\quad} = 33$


- 3 Aadde Taliileen saawwan 30 qabu. Ijoollee isaanii 3 bira saawwan walqixa kaawwatan. Aadde Taliileen saawwan meeqa meeqa ijoollee isaaniitti kennatan?

B 4'f Hiruu

GOCHA 2.11

Tolawaaqi lukkuuwwan 16 qaba. Gabateen bishaan ittiin obaasan tokko takkaatti lukkuuwwan 4 gaha yoo ta'e, lukkuuwwan hunda al tokko obaasuuf gabatee meeqatu ga'a?

$$16 \div 4 = 4$$




Fakkeenya 15

a $8 \div 4 = \underline{\quad}$

Deebii:

$8 \div 4$ argachuuf waantoota 8 fudhachuun bakka 4 walqixatti qooduun hojjachuu ni dandeenya.



Muuzota 8 qabna. Bakka walqixa 4tti yoo qoodne lama lama walga'a.

Kanaafuu,

$$8 \div 4 = 2$$

b $16 \div 4 = \underline{\hspace{2cm}}$

Deebii:

$16 - 4 = 12$  $12 - 4 = 8$  $8 - 4 = 4$  $4 - 4 = 0$

si'a 4 waan hir'sinneef, $16 \div 4 = 4$.

Kanaafuu $4 \times 4 = 16$.




c Baay'inni barattoota kutaa 2^{ffaa} daree A 36. Barsiiftuun isaanii garee 4 walqixatti qoodde yoo ta'e, baay'inni barattoota garee tokko keessa jirani meeqa ta'u?


Deebii:




Pirobleemii jechaa kana gara pirobleemii lakkoofsaatti yoo jijjiirru akka armaan gadii ta'a.

Baay'ina barattoota kutaa 2^{ffaa} $\div 4 =$ baay'ina barattoota garee tokko keessaa

Kunis $36 \div 4 = \underline{\hspace{2cm}}$ ta'a.

$36 - 4 = 32$  $32 - 4 = 28$  $28 - 4 = 24$ 

$24 - 4 = 20$  $20 - 4 = 16$  $16 - 4 = 12$ 

$12 - 4 = 8$  $8 - 4 = 4$  $4 - 4 = 0$ 


si'a 9 waan irra deddeebi'uun hir'isinneef $36 \div 4 = 9$ ta'a.

Kanaafuu, $4 \times 9 = 36$ dha.

C 5'f Hiruu

GOCHA 2.12

Baay'inni barattoota kutaa 2^{ffaa} 30. Garee walqixa 5tti qoodamanii biqiltuu kunuunsu yoo ta'e, garee tokko keessa barattoota meeqatu jira?




$30 \div 5 = 6$

Fakkeenya 16


a $10 \div 5 = \underline{\hspace{2cm}}$

Deebii:

$10 \div 5$ argachuuf waantoota 10 fudhachuun bakka 5 walqixatti qooduun hojjachuu ni dandeenya. Mee kanniisaawwan armaan gadii ilaali.



Kanniisawwan 10 saanduqa keessa jiran kanneen iddoo walqixa 5tti yoo qoodne meeqa meeqatti qoodamu? Saanduqoota armaan gadii hubadhu.



Saanduqoota armaan olii keessa kanniisaawwan lama lamatu jiru.

Kanarraa $10 \div 5 = 2$ ta'uu isaati hubanna.

Kanaafuu, $5 \times 2 = 10$ ta'a.


- b Obbo Tolaan qotee bulaa cimaa badhaasa yeroo baay'ee argatanidha. Fardoota qaban keessaa 20 ijoollee isaanii 5'f walqixa addaan qoodaniif yoo ta'e, ijoolleen obbo Tolaa fardoota meeqa meeqa argatan?

Deebii:


Pirobileemii jechaa kana gara hima herregaatti jijjiiruuf akka kan armaan gadii gochuu qabna.

Baay'ina fardoota obbo Tolaa \div Baay'ina ijoollee = Baay'ina fardoota tokkoon tokkoon ijoollee argatanii

Kanaaf, $20 \div 5 = \underline{\quad}$ tti jijjiirama. Mee amma fakkii fardoota 20 saanduqa keessaa ilaali.



Fardoota kanneen bakka walqixa 5tti yoo goodne akka armaan gadii ta'a.



Saanduqoota armaan olii keessa fardoota afur afuritu jira.

Kana irraa $20 \div 5 = 4$ ta'uu hubanna. Kanaafuu $4 \times 5 = 20$.

GILGAALA 2.14**1 Bakka duwaa armaan gadii guuti.**

a $16 \div 4 = \underline{\quad}$

b $25 \div 5 = \underline{\quad}$

c $20 \div 4 = \underline{\quad}$

d $30 \div 5 = \underline{\quad}$

e $24 \div 4 = \underline{\quad}$

f $35 \div 5 = \underline{\quad}$

g $28 \div 4 = \underline{\quad}$

h $40 \div 5 = \underline{\quad}$

i $32 \div 4 = \underline{\quad}$

j $45 \div 5 = \underline{\quad}$

2 Aadde Badhaatuun ijoollee 4 qabu. Burtukaanota 24 gabaadhaa bitanii yoo ijoollee isaaniitiif walqixa hiraniif, burtukaanota meeqa meeqa walga'a?

3 Dabtaroonni 35 barattoota 7'f walqixa yoo qoodame, meeqa meeqa walga'a?

D 6'f Hiruu**GOCHA 2.13**


$18 \div 6$ bifa irra deddeebi'uun hir'isuutiin ibsaa.

Fakkeenya 17


$12 \div 6 = \underline{\quad}$

Deebii:

$12 \div 6$ argachuuf, wantoota 12 fudhachuun bakka 6tti walqixa qooduun hojjachuu ni dandeenya.



Muuzota armaan olii bakka walqixa 6tti yoo qoodne, akka kan armaan gadii ta'a.



Saanduqoota armaan olii keessa burtukaanota lama lamatu jira.

Kanaafuu, $12 \div 6 = 2$.

E 7, 8 fi 9'f Hiruu

GOCHA 2.14

$21 \div 7$ bifa irra deddeebi'uun hir'isuutiin ibsi.

Fakkeenya 18

a $28 \div 7 = \underline{\hspace{2cm}}$

Deebii:

$28 - 7 = 21$ \rightarrow $21 - 7 = 14$ \rightarrow $14 - 7 = 7$ \rightarrow $7 - 7 = 0$

Si'a 4 irra deddeebi'uun waan hir'isneef, $28 \div 7 = 4$. Kanaaf, $7 \times 4 = 28$.

b $40 \div 8 = \underline{\hspace{2cm}}$

Deebii:

$40 - 8 = 32$ \rightarrow $32 - 8 = 24$ \rightarrow $24 - 8 = 16$ \rightarrow $16 - 8 = 8$ \rightarrow $8 - 8 = 0$

Si'a 5 irra deddeebi'uun waan hir'isneef, $40 \div 8 = 5$. Kanaaf, $8 \times 5 = 40$.

c $36 \div 9 = \underline{\hspace{2cm}}$

Deebii:

$36 - 9 = 27$ \rightarrow $27 - 9 = 18$ \rightarrow $18 - 9 = 9$ \rightarrow $9 - 9 = 0$

Si'a 4 irra deddeebi'uun waan hir'isneef, $36 \div 9 = 4$. Kanaaf, $9 \times 4 = 36$.

GILGAALA 2.15

1 *Bakka duwwaa armaan gadii guuti.*

a $6 \div 6 = \underline{\quad}$

b $7 \div 7 = \underline{\quad}$

c $8 \div 8 = \underline{\quad}$

d $9 \div 9 = \underline{\quad}$

2 *Kanneen armaa gadii furi.*

a $18 \div 6 = \underline{\quad}$

b $35 \div 7 = \underline{\quad}$

c $40 \div 8 = \underline{\quad}$

d $45 \div 9 = \underline{\quad}$

e $30 \div 6 = \underline{\quad}$

f $42 \div 7 = \underline{\quad}$

g $48 \div 8 = \underline{\quad}$

h $54 \div 9 = \underline{\quad}$

i $36 \div 6 = \underline{\quad}$

j $49 \div 7 = \underline{\quad}$

k $56 \div 8 = \underline{\quad}$

l $63 \div 9 = \underline{\quad}$

3 *Bakka duwwaa armaan gadii fakkeenya kenname hordofuun guuti.*

a $42 \div 6 = \underline{7}$. Kanaafuu, $6 \times \underline{7} = 42$.

b $56 \div 7 = \underline{\quad}$. Kanaafuu, $7 \times \underline{\quad} = 56$.

c $64 \div 8 = \underline{\quad}$. Kanaafuu, $8 \times \underline{\quad} = 64$

d $72 \div 9 = \underline{\quad}$. Kanaafuu, $9 \times \underline{\quad} = 72$.

e $48 \div 6 = \underline{\quad}$. Kanaafuu, $6 \times \underline{\quad} = 48$.

f $63 \div 7 = \underline{\quad}$. Kanaafuu, $7 \times \underline{\quad} = 63$.

4 Obbo Ahimad biqiltuu waddeessaa 42 biqilchan. Biqiltoota kanneen iddoo walqixa 6 yoo dhaaban, biqiltoota meeqa meeqa dhaaban?

5 Sumeyyaan hiriyyoota 7 qabdi. Muuzota 28 hiriyyoota isheef walqixa yoo goodde, meeqa meeqa isaan ga'a?